Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

- **Sagantaa Barnoota Afaan oromoo Kutaa 1ffaa semi.2ffaatti.**

Qopheessan: Dhufeeraa Daanyeeti.



Barannoo 20ffaa

- **Boqonnaa 19_Himoota Barreessuu**

Jechoota sagalee laafaa fi jabaa qaban

Kaayyoo Barnootichaa:

☝ Dhuma barannoo kanaa booda barattoonni:

1) jechoota sagalee jabaa qaban ni barreessitu.

2)Jechoota sagalee laafaa qaban ni tarreessitu.

3) Garaagarummaa sagalee jabaafi laafaa gidduu jiru adda ni baafattu.

Gocha

1)Sagalee jabaa jechuun maal jechuudha?

2) Sagalee laafaa hoo?

Sagalee laafaa fi jabaa

- ☝ Sagalee dubbifamaa irratti hunda'a
- ☝ Dubbifamaan lama ta'ee yoo barreeffame sagalee jabaa jedhaman.

☝ Jecha keessatti dubbifamaan tokko ta'ee barreeffame taanan sagalichi sagalee laafaa jedhama.

Fkn. Sodaa _sagalee laafaa

Soddaa_sagalee jabaa

Gubaa_sagalee laafaa

Gubbaa_ sagalee jabaa

Jechoota armaan gadii sagalee ol kaasii dubbisi

- **tabba**

Sodaa

Soddaa

baala

bitte

bite

Gilgaala

- **Jechoota Sagalee laafaa fi jabaatti adda baasi.**

Sodaa	**Soddaa**
Gubaa	**Gubbaa**
Kute	**Kutte**
bite	**bitte**
heduu	**hedduu**

Kan itti fufe..

- **Jecchoo sagalee laafaa** **jechoota sagalee jabaa.**

Deebiii

- **Jechoota Sagalee laafaa** **jechoota sagalee jabaa**

Sodaa	**Soddaa**
Gubaa	**Gubbaa**
Kute	**Kutte**
bite	**bitte**
heduu	**hedduu**

Gilgaala

- **Gaaffilee armaan gadii filachuun deebisi**
- **1) Tolaan_____Abdiisaati.**

A) sodaa B) soddaa

2) Inni Abbaa isaa_____jeequu dhise.

A) sodaa B soddaa

3) Iftuun _____beekamtuudha.

A) hatuu B) hattuu

4) Hawwiin lukkuu_____

A) bite C) bitte

Kan itti fufe...

- 5) Qabeenya namaa _____n dhorkoodha.

  A) hatuu B) hattuu

Gilgaala

- Jechoota armaan gadii irra deddeebi'uun barreessii dubbisi.

1) Sodaa _____ _____ _____

2)soddaa_____ _____ _____

3) tabba _____ _____ _____

4) hattuu _____ _____ _____

5) hatuu _____ _____ _____

Gilgaala

- Jechoota armaan gadii irra deddeebi'uun barreessii dubbisi.

1. **Sodaa Sodaa Sodaa**
2. **soddaa soddaa soddaa**
3. **tabba tabba tabba**
4. **hattuu hattuu hattuu**
5. **hatuu hatuu hatuu**

Gilgaala

- **Maqaa fakkii barreesi.**





_____

_____

Kan itti fufe.....





_____

_____

Kan itti fufe...





_____ _____

Gilgaala

- Jechoota keessaa qubee hir'ate guuti.

1) tab__a

2)luk__uu

3) bu_a

4) e_lee

5) kub__aa

Deebii

1) tabba

2)lukkuu

3) buna

4) eelee

5) kubbaa

Hojii manaa

- 1)Jechoota sagalee jabaa qaban 3 barreessi

_____ _____ _____

2) jechoota sagalee laafaa qaban 3 barreessi.

_____ _____ _____

Cuunfaa Barannoo

- ☝ Jabbinniifi laafinni jechootaa sagalee dubbifamaa irratti hunda'a.